homes victoria



Olka'aa irra deebiin misoomsuu

Odeeffannoo jiraattotaaf

Amajjii 2026

Odeeffannoo jiraattotaa

150 Victoria Avenue, Albert Park

VICTORIA State Government | Families, Fairness and Housing



Gamoon keessan jiraattota ammaa fi gara fuula duraatiif mana fooyya'aa, nageenya qabuu fi mijataa akka ta'uuf irra deebiin misoomfamaa jira.

Nuti isin deeggaruu fi hanga danda'ametti sochii keessan sirrii fi gaarii akka ta'u gochuuf as jirra.

Hojjetaan deeggarsa jijjiirraa keessan osoo hin deemin dura mirga keessan hunda hubachuu ni mirkaneessa akkasumas deeggarsa dabalataa argachuuf ulaagaa guuttan kamiyyuu akka iyyattaniif isin gargaaruu danda'a.

Maaloo yoo gaaffii qabaattan lakkoofsa **1800 716 866** irratti Hooms Viktooriyaatti bilbilaa.

Waadaa keenya isiniif

Yeroo sochootan wantootni barbaachisoo ta’anii fi mirgaa fi deeggarsi yeroo hunda qabdan akka jiraanitti itti fufu.



Mirgoonni fi qophiin kiraa akkuma jiranitti itti fufu

Mana haaraa keessan keessatti mirgaa fi eegumsa walfakkaataa hunda akkaataa Seera Kiraa Mana Jireenyaatti ni qabaattu.

Gargaarsa Kiraa Qabeenya waliinii argachuufis ulaagaa guutuu akka dandeessan beeksisuudhaan, Kiraan keessan haala amma jiruun kan turu ta'a.



Mana haaraa keessan keessa turuu filachuu dandeessu

Yeroo irra deebiin misoomni xumuramu yoo mana haaraa keessanitti gammaddan gara naannoo amma jirtanitti deebi’uun isin hin barbaachisu.

Yoo mijata ta'e, akkuma mana jireenyaa olka'aa amma keessa jirtaniitti, mana haaraa keessan keessa hamma barbaaddan turuu dandeessu.



Mirga isin deebi'uuf qabdan

Akkasumas, ulaagaan fi fedhiin keessan tokko yoo ta’ee fi manneen haaraan isiniif mijatan erga irra deebiin misoomee booda gara naannoo amma jirtanitti deebi’uu dandeessu.

Manneen haaraan osoo hin qophaa’iin dura, deebi’uu barbaadduu fi dhiisuu keessan akkasumas filannoowwan akkamii akka jiran isin waliin ni haasofna.



Gargaars kaffaltii

Yoo ulaagaa guuttan baasii bishaanii fi anniisaaf deeggarsa Mootummaa Viktooriyaa argachuu itti fuftu.



Kunuunsaa fi deeggarsa argachuuf ulaagaa guutuun akkuma jirutti itti fufa

Jiraattonni mana jireenyaa maanguddootaa irraa socho’an Sagantaa Walitti Hidhamiinsa Hawaasaa ykn Sagantaa Deeggarsa Mana Jireenyaa Maanguddootaa wajjin akka wal qunnamaniif ni jajjabeeffamu.

Itti aansee maaltu ta'a?

Mana fooyya'aa dhiyeessuuf gamoo keessan irra deebiin misoomsuun yeroo kan fudhatuu fi bakka biraatti isin jijjiiruu gaafata. Adeemsa kana keessatti deeggarsi hedduun ni jiraata.

Ji'oota dhufan keessatti maaltu akka ta'u fi tokkoon tokkoo sadarkaa irratti maal akka eegdan kunooti.

As jirra

Amajjii 2026

Amajjii
Gaaffii keessaniif deebii kennuuf as jirra.

Guraandhala 2026

Guraandhala
Isin dhaggeeffachuu fi fedhii hawaasaa hubachuu.

Hirmaannaa hawaasaa itti fufiinsa qabu

Bitootessa 2026

Ebla 2026

Caamsaa 2026

Bitooteessa– Caamsaa
Kutaa odeeffannoo jiraattotaa fi maatii deeggarsa hiikkaa afaanii qabaniif.

Waxabajjii 2026

Waxabajjii
Deeggarsi jijjiirraa murtaa'aan ni jalqaba.
Giddugalli Jijjiirraa ni banamu.

Kireeffattoonni bakka biraatti akka jijjiiramaniif ni deeggaramu

Adoolessa 2026

Guraandhala 2028

Adoolessa 2026– Guraandhala 2028
Sanduuqa dhiyeessuu, mi'a walitti sassabuu fi kaffaltii namoota jijjirraa raawwataniif dabalatee gara mana haaraa keessaniitti akka ceetaniif isin gargaarra.

Egeree

Irra deebiin misoomsuun xumurameera
Mana haaraa naannoo amma jirtanitti deebi'uu dandeessu ykn mana itti jijjiiramtan keessa turuu dandeessu.

Amajjii 2026

Yeroo ammaa kana wanti gochuu qabdan hin jiru

Yoo gaaffii qabaattan, Hooms Viktooriyaa fi michoonni keenya, Better Health Network fi KoHealth, kutaa hawaasaa gamoo keessan keessa jiru keessatti argamu. Guyyootaa fi sa'aatii gareewwan keenya itti argaman, deeggarsa hiikkaa afaanii dabalatee, gabatee beeksisa galma tokkoon tokkoo isaanii keessatti ilaaluu dandeessu.

Yoo qaamaan nu qunnamuu hin dandeenye, ammas karaa kanaan nu qunnamuu dandeessu:

- **homes.vic.gov.au** daawwadhaa
- Sarara deeggarsa keenyaa **1800 716 866** irratti bilbilaa
- Waajjira manaa ganda keessanii waliin haasa'aa.

Seensa dursaa tarkanfii jijjirraa

Isin – ykn hojjetaan deeggarsa keessan ykn miseensi maatii keessan – viidiyoo waa'ee adeemsa jijjiirraa caalaatti ibsu koodii QR kaasuudhaan ilaaluu dandeessu.

Guraandhala 2026

Dursine isin waliin haasa'uu

Gaaffii gabaabaa toora interneetii irratti, bilbilaan, waraqaa irratti, ykn qaamaan akka guuttan affeeruuf isiniif barreessina.

Michoonni fayyaa keenya, Better Health Network fi cohealth, kana gochuufis isin gargaaruu danda'u.

Kunis waan itti aanu caalaatti yeroo barannu adeemsa sochii keessatti deeggarsa sirrii isiniif kennuuf nu gargaara:

- eessa jiraachuu akka barbaaddanii fi eenyuu bira jiraachuu akka barbaaddan
- wantoota addaa manni itti aanu barbaaduu danda'u kamiyyuu
- dhaqqabummaa ykn fedhii yaalaa keessan
- akkamitti odeeffannoo haaraa argachuu akka barbaaddanii fi afaan kamiin akka ta'e
- adeemsa kana keessatti eenyuun qunnamuu qabna (fkn maatii, kunuunsituu ykn hojjetaa deeggarsa)

Kun unka jijjiirraa dhaabbata keessan hin ta'u, kun karaa fedhii hawaasummaa keessaniif karoora baasuu itti jalqabnudha.

Ammas gaaffii gaafachuuf yeroo baay'ee qabdu, akkasumas wanti jijjiiramu yoo jiraate nu beeksisaa.

Bitootessa- Caamsaa 2026

Hirmaannaa hawaasaa itti fufiinsa qabu

Waan hawaasa keessan irraa dhaga'aa jirru deebisne isiniif qoodna. Akkasumas akkamitti akka isin beeksifnu, hojjetaan jijjiirraa keessan kan of kenne akkamitti akka isin waliin hojjetu, fi gosoota manaa fi deeggarsa jiran irratti odeeffannoo ni kennina.

Odeeffannoo isin barbaachisu argachuu keessan mirkaneessuuf isinii fi maatii keessaniif walgahii odeeffannoo ni geggeessina.



Waxabajjii 2026

Giddugalli Jijjiirraa ni banamu

Giddugalli Jijjiirraa guyyoota hojii torbaniitti banaa ta'u.

Garee keenya waliin haasa'uuf, beellama qabachuuf, ykn miseensa maatii ykn kunuunsaa wajjin dhufuu dandeessu.

Giddugalli jijjiirraa keenya bakkeewwan armaan gadii irratti ni argamu:

- Gaaffii gaafadhaa
- gorsa tokko tokkoon argadhaa
- odeeffannoo maxxanfame argadhaa
- unka guutuuf ykn filannoowwan keessan hubachuuf gargaarsa argadhaa

Hojjetaa deeggarsa jijjiirraa keessan kan of kenne

Waxabajjii 2026 irraa eegalee hojjetaa deeggarsa jijjiirraa of kenne kan maatii keessan deeggaru ni qabaattu. Adeemsa sochii keessan hunda keessatti bakka qunnamtii keessan isa guddaa ta'u.

Waliin taanee, fedhii fi filannoo keessan mirkaneessuudhaan mana isiniif ta'u argachuu akka dandeenyutti, unka jijjiirraa dhaabbataa ni guuttu. Gaaffii jalqabaa irraa kaasee haalli keessan yoo jijjiirame hin yaadda'inaa, hojjetaan deeggarsa jijjiirraa keessan waan hunda isin beeksisa.

Adoolessa 2026 hanga Guraandhala 2028

Walgahii jijjiirraa, dhiyeessii, sakatta'iinsa, fi gara manaatti jijjiiramuu

Jiraattotaaf mana haaraa argachuu fi socho'uun sadarkaa of eeggannoodhaan karoorfameen kan raawwatamu yoo ta'u, kunis maatiin hundi hanga Guraandhala 2028tti jijjiirraa isaanii irratti akka gargaaraman mirkaneessa.

Hojjettaan deeggarsa jijjiirraa keessan sadarkaa hundatti, mana fedhii keessaniif mijatu argachuu irraa eegalee hamma qabeenya ilaaluu, fi socho'uu fi qubachuutti isin gargaara.

Sochii keessan waliin karoorfachuuf yeroo ni qabaanna akkasumas tarkaanfii hunda irratti isin deeggarra.

Deeggarsa itti fufiinsa qabu

Yeroo bakka biraatti jijjiramtan, kanneen armaan gadii argachuu itti fuftu:

- Giddugala Jijjiirraa
- hojjetaa deeggarsa jijjiirraa keessan of kenne
- deeggarsa fayyaa fi nageenya karaa dhaabbilee michuu keenyaatiin
- Yoo barbaachisaa ta'e, tajaajila hiikkaa fi turjumaanaa

Nutis isin deeggaruun tarkaanfii keessan hanga danda'ametti salphaa fi gaarii akka ta'u gochuuf as jirra.

Kireeffattoota gara mana haaraatti akka jijjiiramaniif gargaarre irraa guyya guyyaadhaan seenaa gaarii dhageenya.

"Mana barbaadetti galuu akkan danda'u yeroon bare boqonnaa argadhe – waan gaarii ta'eef qofa osoo hin taane qaama hawaasa waanan ta'eef, namoota waggoota dheeraaf beeku sana – ollaa jaallatamoo na deeggaran biratti socho'uu waanan danda'uuf."

"Ogeessota jijjiirraa raawwatan kanneen waan hojjetan beekan waan qacaraniif adeemsa kana haala salphaan qindeessuun tokkoon tokkoo saanduqa eessa akka kaa'an beeku."

"Wanti hunda caalaa barbaachisaa ta'e garee jijjiirraa waliin hojjechuudha. Iftoomina qabaachuudhaan hamma dandeessan itti himaa. Haala kootiif miira qabu turan – na arguuf yeroo qabataniiru, na dhaggeeffataniiru, na hubataniiru."

looliyaa, Kibba Yaaraa
Deeggarsa jijjiirraa nuuf gootaniif galatoomaa

"Waggaa 53 as jiraadheera. Waan baay'ee kuufadheen ture...garuu wanti hundi haala gaariidhaan deeme...qubadheera...Mana jireenyichaa nan jaalladha...Kanan eege caalaa- Baay'ee gaariidha."

"Jijjirtoonni baay'ee gaarii turan. Isaan baay'ee ogeeyyii turan."

Mooreen, Riichmond
Mana jireenyaa hawaasummaa haaraa keessa turuu kootti baay'ee gammadeera

"Yoo deebi'uu barbaadde ni dandeessa jedhanii nutti himan, kanaaf sun boqonnaa naaf ta'e. Akkas gaarii ta'a jedhee eegee hin turre."

Umar, Ascot Vale
Jijjiirraa booda deebi'uu

Waa'ee seenaa jijjiirraa looliyaa caalaatti baradhaa.
www.homes.vic.gov.au/news/ioulias-story





Iooliyaa fi hiriyaa fi nama deeggarsa Anna.

Mana jireenyaa haaraa Buufata Melbourne keessaa

Filannoo jijjiirraa ammayyaa, nageenya qabuu fi mijataa naannoo keessan jiru.

Gamoo olka'aa durii Daandii Beacon, Buufaata Melbourne keessatti argamu irra deebiin misoomsuuf yeroo qophoofnu, manneen haaraa Albert Parkiitti dhiyoo jiru keessatti argaman waan beektanii fi jaallattan hundatti dhihoo turuu dandeessu jechuudha.

Manneen bareedoon dizaayiniin isaanii hojjetame kun sadarkaa nageenyaa fi dhaqqabummaa olaanaadhaan ijaaramaniiru. Mana amma keessan amma jirtan irra deemsa otobusii gabaabaa qofa, dhuma bara 2026tti ni qophaa'u.

Amaloonni haaraan misooma kanaa kanneen dabalata:

- Hogganaa kiraa buufataa
- Iddoowwan biqiltuu akka gaariitti qophaa'an, iddoowwan guddina waliinii fi paarkiiwwan
- Kutaa hawaasaa kaayyoo hedduu qabuu fi iddoowwan itti fayyadama walmakaa waliinii.







Misoomni Hooms Viktooriyaa Brighton fi Flemington keessatti argamu amala fi qulqullina walfakkaataa qaba.

Fedhii keessan yaada keessa galchuun kan ijaarame

Manneen haaraan kun dhaqqabamaa fi bakka akka qabaataniif kan qophaa'anidha. Ifni uumamaa guddaa, qilleensaa baastuu fi qilleensa qabbaneessuun waggaa guutuu mijataa ta'uu isaanii agarsiisa.

Kuusaa gaarii, kutaa miiccaa dhuunfaa fi barandaa qabatanii dhufu. Akkasumas nageenyaafi eegumsa akka qabaataniif kan qophaa'anidha.

Manneen kun buufata irratti kan bulfaman hoggantoota mana jireenyaa Community Homes Limited muuxannoo qabaniin.

Kiraan manaa keessan akkuma amma jiruun itti fufa.



Bara 2026 keessa jiraattotni bakka biraatti jijjiiraman mana haaraa akka ilaalan ni afeerra.

- **Seensa nageenya fi eegumsa qabu**
- **Kutaa dhiqannaa dhaqqabamaa ta'e**
- **Meeshaalee ammayyaa**
- **Walmakaa guddina kutaa ciisichaa**
- **Barandaa dhuunfaa**
- **Kutaaa miiccaa dhuunfaa**

Gara mana haaraatti jijjiiramuu

Bara 2026tti manneen haaraa kanaaf fedhii qabaachuu ni dandeessu.

Manneen haaraa Daandii Beacon, Buufata Melbourne keessa jiranitti ce'uu yoo barbaaddan ykn gara mana jireenyaa hawaasummaa bakka biraatti ce'uu yoo barbaaddan, mana fedhii keessan guutu akka argattan isin gargaaruuf qophiidha.

Odeeffannoo haaraa irra deebiin misoomsuu Barak Beacon marsariitii Hooms Viktooriyaa **www.homes.vic.gov.au/barak-beacon** irratti hordofaa.

Eenyu waliin haasa'uu

Gaaffii waa'ee sochii keessanii ykn irra deebiin misoomsuu

Hooms Viktooriyaa

Hooms Viktooriyaan muummee Kutaa Maatii, Haqummaa fi Mana Jireenyaati. Guutummaa Viktooriyaa keessatti manneen hawaasaa ni bulchina.

Akkasumas gamoolee olka'oo durii irra deebiin misoomsuu bulchuu fi sadarkaa jijjiirraa hunda keessatti jiraattota ni deeggarra.

Yoo eenyuun akka qunnamtan hin beektan ta'e, nu irraa jalqaba nama sirrii ta'e waliin wal isin qunnamsiifna.

1800 716 866

enquiries@homes.vic.gov.au

Galmee kana afaan keessaniin dubbisuuf kaasaa

Deeggarsa fayyaa fi nageenyaa

Michoonni fayyaa keenya yeroo jijjiirraa fedhiin fayyaa keessan akkamitti akka deeggaramu odeeffannoo dabalataa kennuu danda'u.

Better Health Network

132 246

www.bhn.org.au

Deeggarsa mirga jiraattotaa

Kireeffattoota Viktooriyaa – odeeffannoo kiraa fi seeraa

1800 068 860

www.tenantsvic.org.au

Waldaa Kireeffattoota Mootummaa Viktooriyaa – Abukaatummaa fi Deeggarsa

1800 015 510

www.vpta.org.au

Wiirtuuwwan seeraa hawaasaa – bilisa, gargaarsa seeraa iccitii

Giddugala seeraa hawaasa naannoo keessanii www.fclc.org.au/find_a_community_legal_centre irraa barbaadaa

homes victoria

VICTORIA State Government

Mootummaa Viiktooriyaatiin kan heyyamamee fi maxxanfame, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Hooms Viiktooriyaa, Amajjii 2026. Finsbury Giriiniin, Melbourne Viktooriyaa keessatti maxxanfame, 3000. (HV028725)